Torban balleessituu taate irraa fagaadhaa

Abuu Hurayraa irraa odeeffamee _Rabbi isa irraa haa jaallatu_ Nabiyyiin _Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu_ akkana jedhan: «Torban balleessituu taate irraa fagaadhaa» ni jedhan (sahaaboonni): yaa Ergamaa Rabbii maali isaan? isaanis ni jedhan: «Rabbitti shaarrakuu, haqaan maletti lubbuu Rabbiin haraama godhe ajjeesuu, dhala nyaachuu, qabeenya yatiimaa nyaachuu, guyyaa lolaa baqachuu fi shamarran mu'umintootaa tikfamoo ta'an kan haraama quba hin qabne maqaa isaanii baalagummaan xureessuudha».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Rasuulli Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ummata isaanii dilii fi badiiwwan balleessituu taate torba irraa akka fagaatan ajajan, isiin maali jedhamee yeroo gaafatamanitti? ifa isii godhanii himan, isiinis: Tokkoffaan: Rabbitti waan biraa qindeessuudha, bifa kamiinuu ta'u fakkaataa fi hiriyaa isaaf taasisanii, gosa gabbartii irraa isa kamuu waan Rabbbiin malee jiruuf dabarsanii kennuudha, shirkiin waan irra guddaa badii ta'eef jecha isaan eegalan. Lammaffaan: falfala -inni waan hidhaa, ruqaa, dawaa fi aarsuu irraa ta'edha- inni nama falfalli itti godhame ajjeesuun, ykn dhukkubsuun qaama isarratti dhiibbaa fida, ykn haadha manaa fi abbaa manaa adda baasa, inni hojii shayxaanaati, irra hedduun isaa shirkii fi lubbuuwwan badduutti waan isiin jaallattuun itti dhihaachuun malee itti hin ga'amu. Sadaffaan: lubbuu Rabbiiin isii ajjeessuu irraa dhoorge karaa shari'aan eeyyamu kan bulchaan raawwatuun alatti ajjeesuudha. Afraffaan: nyaachuunis ta'ee, yookaan karaa biraatiin itti fayyadamuun ta'ee dhala (ribaa) fudhachuudha. Shanaffaan: qabeenya ijoollee xiqqoo osoo inni hin baallaghin abbaan isaa du'etti daangaa darbuudha. Ja'affaan: lola kaafiraan woliinii irraa dheeysuudha. Torbaffaan: shamarran bilisa ta'an kan sagaagalummaa irraa tikfamoo ta'an maqaa xureessuudha, akkasuma dhiiras maqaa xureessuun.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/3331